Bul/Mag/Adaamaa ... G/Haammattuu ...

Lakk. WJAMGH-08/03/2018

Guyyaa 23/03/2018

Waajjiraa Itti Aanaa Kantibaa Bulchiinsaa Magaalaa Adaamaatiif

Adaamaa

Dhimmi:-**Ijaarsaa Gamoo seeraa qabeessa qabuun irratti rakkoo gaheef furmataa gaafachuu ilaallata.**

Kabajamoo itti Anaa Kantibaa rakkoo kana ilaalchiisee miseensoonni boordii gaafa 22/09/2017 iyyannoo keenyaa irratti heyyame ijaarsaa seeraa qabeessa qabnu, kaartaa iddoo, hundeffama Aksiyoonaa, danbii itti bulmataa, sartakfikeetti galmeessaa daldalaa walqabisuun kan dhiyeessine kan iyyannoo barreeffama yaadachisu dha.

- Miseensoota 237 kan hammate Afooshaa umrii waggaa 70 dabarsee kan du'an ijoolleen isaani bakka bu'ani kan hafan umriin isaani waggaa 80 fi 90 ka caalaan humna dadabaa ta'an kan dolluman kan qabatedha.
- Afooshichi qajeelfama mootummaan dabarsee karooraa misooma hordofuun awwaalan qofa murta'u hin qabnu jenne onnee olaanaadhaan kakanee miseensonni afooshichaa marii cimaadhaan iddoo lafa ijaarsaa gamoo karee meetira 866.62 ta'u irratti gamoo abbaa darbii sadii (3) hojjechuuf bara 2010 Waajjira Konstiraakshiinii Magaalaa Adaamaatiif gaaffiin dhiyaatee hayyama waan argateef hojiichii itti fufee jira.
- Hojiichaa raawwachisuuf cimsuuf aksiyoonaan gurmeessun kan foyya'ee ta'u mari'ahuudhaan Biiroo Daldalaa Oromiyaa irra mogasaa maqaa filachuun Waajjira Abbaa Alangaa Bulchiinsaa Magaalaa Adaamaatti Waldaa Aksiyoona Hojii Hundaa Gala Hamatuu jedhuun qaama seerummaa argatee jira.
- Akkuma olitti caqafameetti iddoo Karee meetiraa 866.62 ta'e irratti gamoo ijraamaa jiruu fi iddoo kana irratti galii argachisaa kana jiruu manneen afooshichaan ijaarama turan ji'a ji'an qarshii 44,000 (kuma afurtami afur) dabalate tilmaamaa qabeenyaa iddoo sana qaama seeraa qabeessumaa qabun tilmaamamee qarshii 15,125,000.000(miliyoona kudha shan fi kuma dhibba tokko fi digdamii shan) akka baasuu mirkanaa'ee Waajjirri Konstiraakshiinii Bulchiinsaa Magaalaa Adaamaa ilaalee nuuf mirkaneesse jira.
- Itti fufun tilmaaman isaa qarshii 215,767 xaawulaa, maagaraa dhaabii fi mukaa qaqalaa, sibilootaa qopheessuun hojiichii itti fufaa otoo jiru ji'aa Ebla 2017 iddichi abbaa qabeenyaa birootiif waan kennameef dhuftani gabaasaa akka gotan ergaa rifachisaa Obbo Caalaa Baqqalaatiin nu gahee jira.